# Cowpea *(Vigna unguiculata)* nyaata beeladoota qotiisa xixinnaa

## Kaayyoo

Beeladoota naannoo gogaa fi qabbanaa'aa jiraataniif kaloo sadarkaa gaarrii dhiyeessuu.

## Ibsa bifa isaa

- Mukeetii dafanii biqilanii fi baala qaban kan hafteen isaanii kaloo beeladaa ta'u
- Gogiinsa kan danda'anii fi biyyoo hundatti kan madaqan
- Biyyoo kan gabbisanii fi midhaan akka misingaa fi boobee wajjin kan biqilan
- Kan mi'aawanii fi nyaatatti fayida-qabeessa kan ta'an
- Okaa gogaa fi kaloo jiidhaa kan ta'an

## Dadhabbii isaa

- Dheedumsi guddaan dhorkamuu qaba
- Diilalla, qorraa fi bokkeenya hedduu hin dand'u
- Dhukkubbaaf ilbiisaaf dafee harka kenna

## Bulchiinsa

- Maasaa qopheessuu
- Lafa sirriitti qotamee qophaa'e

## Hundeeffama

Sanyiin baay'ina kg 25–30/hektaaraatiin gadi-fageenya lafaa cm 3 tiin toraan dhaabama. Wal-irraa fageenyi toraa cm 30–60 yoo ta'u, kan sanyii biqilaa immoo cm 10–15 dha.



- Xaa'oo

  Yeroo dhaabaa, xaa'oo DAP baay'ina kg 100/hektaaraatiin itti kenni.

- Aramaa

  Yeroo dhaabaa booda si'a lama harkaan arami

- Haamaa

  Akaakuu adda-addaaf, midhaan kun yeroo iji isaa gogee harca'uu jalqabu haamamuu qaba. Baalli isaa utuu hin siribamin goguu qaba. Cowpea iin yeroo guddatu kan haamamuu ta'uu caalaa kan siribamu immoo harkaan ykn beeladaan ykn makiinaadhan ta'a.

- Bu'aa dalagaa

  Torban 12 hanga 16 gidduutti oomisha t 3–10/hektaaratti eeggadhaa. Qabiyyeen

headquarters
PO Box 30709, Nairobi 00100, Kenya
Phone: 254 20 422 3000
Fax: +254 20 422 3001
e-mail: ilri-kenya@cgiar.org

principal site
PO Box: 5689, Addis Ababa, Ethiopia
Phone: +251 11 617 2000
Fax: +251 11 617 2001
e-mail: ilri-ethiopia@cgiar.org

Asia office
New Delhi 110 012, India
P +91-11 2560 9800
P +91-11 2560 9815 (direct)
F +91-11 2584 7884

pirootiinii yeroo midhaan guddatutti %10–15 yeroo ta'u, yeroo daraarutti immoo %30 dha.

- Oomisha sanyii

Yoo ija sanyii midhaan kanaa yeroo hedduu harkaan funaanan bu'aa guddaa kenna. Oomishi giddu-galeessaa kg 750/ hektaara yeroo ta'u akka haala qilleensaa fi bulchiinsaatti gara kg 1500 /hektara ta'uu in danda'a. Sanyii bakka qabbanaa'aa fi bakka ilbiisi hin arganne kaa'uudhaan wayitii itti aanuuf qopheessaa.

- Fayyadama

Cowpea wal-irraa fageenya torban 3 fi 4 tti akka nyaata jiidhaatti okaa ta'ee haamamuu in danda'a. Yookaan, torban 7–8 gidduutti yeroo daraaru kaloof haamamuu in danda'a. Yookaan ji'a 3 hanga 4 tti yeroo guddatu akka midhaan harca'aatti haamamuu in danda'a. Midhaan kun qofaa isaa ykn boqoloo fi misingaadhaan wal-makee haamamuu in danda'a. Cowpea iin beelada aannanii fi nyaata sadarkaa gudda yeroo ta'u, beeladoota kaaniifis faayida-qabeessa. Cowpea kaloo gaarii ta'a; garuu baalli isaa akka gaariitti qabamuu qaba, qolli baalaa garuu darbatamuu qaba. Jirmi mukichaa goguuf yeroo kan fudhatu yeroo ta'u, akka goguuf immoo sirritti qabamuu qaba. Yoo siicoon sukkaaraa cowpea qulqulluutti makame kaloo jiidhaa gaarii ta'a. Yoo cowpea iin boqoloof misingaatti makame, naayitroojiinii oomishee nyaati garaa beeladaa keessatti akka daakamu gargaara. Cumaan midhaanichaa nyaata kan irraa kan argamu pirootiiniin akka hin badne gargaara.

Information leaflet on livestock feeds and feeding technologies for small-scale farmers developed through collaboration between ILRI and its partners

June 2010

For further information, contact:
Fodder Adoption Project
fodderadoption.wordpress.com
Forage Diversity Project
International Livestock Research Institute,
PO Box 5689, Addis Ababa, Ethiopia
Email: a.duncan@cgiar.org or j.hanson@cgiar.org